

GENDER & ADOLESCENCE: GLOBAL EVIDENCE

## Ibsa Gabaabaa Koorniyaa fi Dargaggummaa: Ragaa Guutuu Addunyaa (KDRA)

Koorniyaa fi Dargaggummaa: Ragaa Guutuu Addunyaa (GAGE) n sagantaa qorannoo dheeraa toftaalee walmakaa fayyadamudhan waggaa sagaliif (ALA 2015-2024) waayee muxannoo koorniyaa dargaggoota umrii 10-19 ta'an kan qoratuudha. Jireenyaa dargaggoota 20,000 Biyyoota Jaha kan xiyyeefannoo barbaadan ta'anii lama Afrikaa keessatti (Itiyoophiyaa fi Ruwaandaa), lama Eesiyaa keessatti (Baanglaadishii fi Neeppaal) fi lama Jiddugala Bahaa (Jordaani fi Libaanoon) keessa jiran hordofaati jirra.

Koorniyaa fi Dargaggummaa: Ragaa Guutuu Addunyaa (GAGE)n kan kaayyeefate jireenya dargaggoota warra shamarranii fi dhiiraa ceesisuudhan isaan dardarummaa fi qooddamuu irra akka darban dandeessisuu fi jijjiirrama haawaasaa hatattamaan deemu hordofuudhaf ragaa haaraa burqisiisudhaafi. Qorannoon Koorniyaa fi Dargaggummaa: Ragaa Guutuu Addunyaa (GAGE) kuni dargaggoota baayy'ee saaxilamoo kan akka dargaggoota godaantoota/Refugees/, dargaggoota qaama miidhamtoota, isaan mana barnootaatii alaa, shamarran heeruman fi dargaggoota haawwan ta'an kan ofkeessatti haammatuudha.

Bu'aan isaa raawwattoota imaammataa fi sagantaa haala baayy'ee bu'a qabeessa ta'een dargaggoota warra shamarranii fi dhiiraa bira gahuu fi jiruuf jireenya isaanii fooyyessuu fi Galmoota Misoomaa Ittifufiinsa qabanii galmaan gahuudhaaf wantoota barbaachisaan nama kamiyyuu duubatti dhiisuu dhabuudhaa murannoo jiru dabalatee ni deeggara

Gamtaan Koorniyaa fi Dargaggummaa: Ragaa Guutuu Addunyaa (GAGE) kan gaggeeffamu Dhaabbata Misooma Biyya Alaatiin yoo ta'uu Michoota Addunyaa 35 qorannoo, imaammataa fi saganteefachuu irratti hirmaatan off keessatti haammatu ta'ee Gargaarsa UK mootummaa UK tiin maallaqaan kan deegaramuudha.


## Caasaa Yaadaa

Caasaan Yaadaa Koorniyaa fi Dargaggummaa: Ragaa Guutuu Addunyaa (GAGE) dagaagginaa fi anga'uu dargaggoota warra dhiiraa fi shamarranii gargaaruudhaaf 'malli kum akka hojjatu' hubachuudhaf adeemsa hundgaleessa ta'ee kan hordofu.

Muuxannoo koorniyaa dargaggootaa fi karaa kamiin amaloonni fi gochoonni adda qooduu koorniyaa bu'uureefatan miidhaa hawaasummaa akaakuu biroo waliin waliiti dhufanii daandii dagaggina dargaggootaa akkamitti akka qaran/bocan/ xiyyeefannoo adda itti kennina. Wantoota Armaan gadii niqoranna:

- **Dandeettii/Capabilities/:** Dandeettiwwan dhuunfaa fi waliinii kan nagummaa dargaggottaatif bu'uura kaa'an fi danqaawwan gulantaawwan danddeetti jahan barnootafii barachuu, Tokko ta'uu qaamaa (jeequmsa salummafi koorniyaa fi heeruma daa'imaa irraa bilisa ta'uu hammata), fayyaa qaamaa fi walhormaata fi sirna nyaataa, nagummaa xinsammuu fi hawaasummaa, sagalee fi bakka bu'ummaa fi dinagdeedhan anga'uu keessatti hikamuu qaban,
- **Tarsiimoowwan Jijjiramaa /Change Strategies/:** Adeemsaa Jijjiramni ceesisaan hojiiwwan sadarkaa nama dhuunfaatti, maatitti, haawwaasatti, tajaajilaatti fi siistamaatti walcinaa hojjataman kan barbaadu;
- **Halqara /Contexts/:** Adeemsoota ittiin naannoon dargaggootaa kan dhiyoo, kan biyooleessaa fi Guutuu-addunya daandii dagaagginaa isaanii qaru/bocu/.

## Caasaa Yaadaa GAGE



## Gaafiwwan Qoranno Keenyaa

Caasaa yaadaa keenya keessaa kan maddan: GAGE Gaafilee Qorannoo garee sadi'ii qaba:

**1. Dargaggonni gareewwan gara garaa Biyyoota galii gadi-aanaa fi jiddugaleessa adda addaa keessatti argaman akkamitti yeroo daa'imummaa irraa gara gaheessummaa akka darban?**

- Akkamitti muuxannoon dargaggootaa umriidhan, koorniyaadhan, qaama miidhamummaadhan fi iddoo jiraataniin garaa gara ta'a?
- Akkamitti dargaggoonni Addunyaa isaanii akka korniyaadhan gageefamtu muuxannoo argatu?Akkamitti duudhaaleen koorniyaa fi gahee koorniyaa irraa haawaasni eeguu jiddutti walii-galtee uumun danda'ama?
- Muuxannoo kana qaruu /bocuu/ keessatti warri, maatin, haawaasni, tajaajila kennitoonni fi miidiyaaleen gaheen taphatan maalidha?
- Dargaggoonni waayee tajaajiloota fi siistamoota wajjiin walqunnamanii maal yaaduu?
- Muuxannoo dargaggootaa qaruu /bocuu/ keessatti dhaabbileen, imaammanni fi caasaaleen seeraa gahee maal taphatu?

**2. Hojiiwwan sagantaa dargaggootaa irratti xiyyeefatan bu'aawwan maal fa'a qabu?**

- Bu'aan dandeettiwwan dargaggootaa irratti saganteefachuu yeroo gabaabaa fi dheeraa keessatti maali?
- Bu'aan ilaalcha, amalaa fi duudhaawwan maatii, hiriiyaa fi haawaasa irratti saganteefachuu maali?
- Dargaggoota irratti saganteefachuun akkamitti tajaajiloota fi siistamoota (fkn fayyaa, barnoota, seera, eegumsa daa'immanii fi eegumsa haawaasummaa) wajjiin waliin deema?

**3. Amaloota sagantaa bocuu/qopheessu/ fi hojiirra olchuu kamtu murteessa?**

- Qaamoota sagantaa walitti makuuni fi tartiiba qabsiisuun haammam dandeettiiwwan dargaggootaa qara/boca/?
- Dhanquwwan umrii dargaggummaa keessatti raawwii sagantaa yeroo isaa eeganii raawwachuun haammam murteessaadha?
- Ball'inni fi yeroon sagantaan itti raawwatu haammam murteessadha?
- Sadarkaan leecalloo sagantaa (kan akka baajataa, humna namaa fi bu'uurri misoomaa) haammam barbaachisaadha?
- Bocuun/qopheessun/ sagantaa babali'isuu isaa ni miidhaa?

## GAGE Itiyoophiyaatti

Qorannoon GAGE Itiyoophiyaa keessatti dargaggoota baayy'ee saxilamoo kan akka buqqaatoota biyya keessaa, dargaggoota qaama miidhamaa ta'an, dargaggoota mana bornootatii alaa, shamarran heerumanii fi dargaggoota haadha ta'an, akkasumas dargaggoota hawaasa horsiisee bulaa kan haammatuudha. Qorannoon GAGE carraalee fi rakkoolee/gufuuwwan dargaggoota saxilamoo yeroodhaa yerootti qunnaman ragaa qabachuudhaan dabalata ragaa dargaggoota saaxilamoo keessattu isaan soodaa heeruma daa'imaa fi dhagana qabaa shamarranii ittiin gargaaraman ol foyyeessudhaaf waliigaltee walhubachuu (MOU) Minsteera Dhimma Dubartootaa, Daa'immani fi Dargaggootaa waliin niqaba.

Akkasumas GAGE yaalii too'annaa Act with Her-Ethiopia (AWH-E) tiin gamaggama gaggeessudhaaf Paazfaayinadar fi Keer Itiyoophiyaa waliin sagantaa nagummaa dargaggootaa fi aangeessuu haawaasaa saaxilamoo baadiyaa waggaa lamaa sadarkaalee hedduu kan Faawundeeshiinii Bill fi Melinda Gatesiin maallaqaan kan deeggaramu michooman ni hojjata. AWH-E Sagantaa kaarikulamii irratti hundaa'ee kan ceesisuu dudhaa koorniyaa fi dargaggoota shamarranii fi dhiiraa angessuu, hirmaannaa sadarkaa hawaasaa fi siistama cimsuu fi meeshaalee hojii dabarsuu of keessatti nihammata.

Ityoophiyaa keessatti Godiinaalee Sadi'i Naannoolee Sadi'ii keessatti argaman keessatti hojjanna. Isaaniis, Godina Harargee Bahaa Naannoo Oromiyaa keessaatti, Godina Goondaar Kibbaa Naannoo Amaaraa keessatti fi Naannoo Affaar Zoonii Shana fi naannoowwan magaalaa kana akka Bulchiinsa Magaalaa Diree Dawaa, Dabrataaboor fi Baatuu kan haammatuudha. Hojiin keenyaa kan Itiyoophiyaa keessaa Sarvee lakkoofsaatiif dhaabbata 'Laterite Ltd' akkasumas qorannoo akaakuutiif Dhaabbata Qorannoo, Leenjii fi Tajaajila gorsaa "Quest", fi Qorattootaa dhuunfaa Univarsiitii Addiis Ababaa waliin michoominaaniidha.

## Toftaalee fi qajeelfamoota Qorannoo Keenyaa

GAGE toftaalee fi qajeelfamoota qorannoo walmakaa fi toftaa gamaggama dhiibbaa kan fayyadamuudha. Isaaniis:

Aduugna: 20,000
Itiyoophiyaa: 7,500



**Qorannoo Iyyaatii/Survey**

- Qorannoo dargaggoota shamarranii fi dhiiraa umriin isaanii 10-12 fi 15-17 ta'u irratti
- Qorannoo kunuunsitoota isaanii dubartoota fi dhiiraa
- Qorannoo dursiitoota haawaasaa fi hojjattoota mindeefamaa mana barnootaa

800
250



**Qorannoo Gadifageenyaa/Qualitative research/**

- Gaafiifi deebii gadifageenya qabu dargaggootaa karaan gurguddaan irra qaxxaamuru keessa jiran, obboolaa isanii, kunuunsitootaa fi dursitoota haawaasaa waliin godhame
- Gaafiifi deebii Namoota beekkamoo waliin gaggeefamee fi adeemsa daandii seenaa hordofuu
- Xiinxala imaammataa fi seeraa siyaasa imaammataa fi sagantaa hojiirra oolmaa hubachuudhaf

200
100



**Qorannoo Hirmaachisaa kan waggaa**

- Qorannoo hiriyaa fi sura kaasuu hirmaachisaa ta'ee dargaggoota karaan gurguddaan irra qaxxaamuru keessa jiran fi neetworkii hiriyoota isaanii sirritti waayee jijjirama dandeettii dargaggootaa yeroodhaa gara yerootti jiru adda baasuudhaafi
- Yeroo dargaggummaa keessatti dhiibbaa dhalachaa deemu hubachuudhaf xiinxala neetworkii haawaasaa gaggeessuu.

Ragaa dabalataa Teessoo Asiigadiitiin Laaluun Nidandeessu

www.gage.odi.org
www.facebook.com/GenderandAdolescence/
@GAGE_programme
gage@odi.org.uk

Cover photo: © Nathalie Bertrams/GAGE

ISBN: 978-1-912942-87-9

UKaid
from the British people